

ADDA BILISUMMAA OROMOO (ABO-WBO)



Date: Waxabajji 30, 2023

Guyyaa: June 30, 2023 تاريخ

Nr.: IEABO WBO/06-16-2023

Lakk.: IEABO-WBO/06-16-2023 رقم

KABAJAA AYYAANA AMNA WAGGAA 50 QABSOO BILISUMMAA OROMOO

Milkii, Haala Yeroo Ammaa fi Hegeree Dhalootaa!

(Ibsa ABO-WBO)

Qabsoon Bilisummaa Oromoo kan baroottan dheeraa dura eegalame, kan sochii qonnaan bulaa Oromoo Baalee Jen. Waaqoo Guutuun dhagahame, Jaal Elemo Qilxuus maqaa Oromootiin rasaasa duraa itti dhukaasan kunoo waggaa 50 guute. Amni Qabsoo bilisummaa yeroo sana eegalee har'a ajajaa ol'aanaa ABO-WBO jaal Marroo Dirribaatiin gaggeeffamaa injifannoo jajjabduu galmeessaa hegeree dhaloota Oromoo fi Oromiyaaf sadarkaa abdachiisaa irra gahe.

Amni Qabsoon Waggoottan Shantaman keessa darbe, sirnoota afur keessa darbe. Kan jalqabaa jala bultii kufaatii Haila Sillaasee, itti aanee sirna Dargii kan waggaa 17f uummata keenya cunqursaa hiriyyaa hin qabne keessa galchuun eenyummaa isaa gara dhabamaatti geessisee ture; kan sadeesso sirna EPRDF, kan waggaa 27f saba keenya gaaffii mirga hiree murteeffanna dhorkee, heera harkuu uummata dura qabee, Oromiyaa dachee saaminsaa fi cunqursaatti jijiire; inni afreesso ammoo waggoota shanan darban keessatti uummata keenya lolaa fi sirna dhablummaa guddisee sarbama mirga dhala namaa fi sanyii duguuggaaf saaxilee keessa jira.

Qabsoo sabni gaggeesseen bara Haila Sillaasee qabeenya 'abbaa lafaa' nafxanyoota harkaa baasuun injifannoo isa duraa ture. Kunis, nafxanyootaa gama dinagdeen laaffisuu keessatti shoora qaba. Haa ta'uuti Nafxanyooti bu'uura afaanii fi aadaa Impayerittii keessaatti qaban itti dhimma bahuun fi bobaa Dargii jala dhokachuun eenyummaa Oromoo, akkasumas kan sabaa fi sablammootaa ukkaamsuu itti bobbahan. Haalli sunis jaarmayoota bilisummaaf qabsaawan dhalche. Bara 1973 jaal Elemo Qilxuu Qabsoo hidhannoo eegalee booda ABOn bara 1976 bifa jabina qabuun Oromiyaa bahaatti dirree qabsoo hidhannoo gad jabeesse, sana boodas WBOn mul'ata bilisummaa saba Oromoo fi Walabummaa Oromiyaa galmaan gahuuf dirree Dhihaa, Kibba Baha, Kibba, Gidduu Galeessa f Kaaba keessatti babal'ate.

Qabsoo waggaa 17 booda ilaalchi siyaasaa sabaa fi sablammootaa injifannoo ol'aanaa argachuun bara 1991 keessa sirni Dargii burkutaahuun xumura argate. Mootummaan Oromiyaa jedhamu dhalate; afaan Oromoos afaan barnootaa, mootummaa fi mana murtii ta'e. Dhalootni afaan isaatiin seenaa ofii barachuu eegaluun eenyummaa isaatiin akka boonuu kaaraa saaqe. Oromoona kaayyoo tokko jalatti hiriiree waliin wareegamuun akka hawaasa siyaasaatti tokkotti ol-bahuu eegale.

Dhalootni eenyummaa isaatti boonu fi kaayyoo isaatti cihu dhalate. Eenyummaa Oromummaas jabaate. Warraaqsi adda durummaa Qeerroo Oromootiin geggeeffame dhugaa kana qulqulleessee addeessa. Sochiin Fincila Diddaa Gabrummaa fi Qeerroo bifa addunyaa dinqisiisuun qindaawee humna EPRDF bakkaa kaase. Hidhamtooti siyaasaa Oromoo hiikaman. Yeroo sanatti gaaffiin siyaasaa Oromoo deebihuu ni dandaha abdiin jedhu namoota hedduu bira ture. Sunis ta'uu hanqatee lolli qindaawaan kan mirgoota xixiqqoo Oromoorn qabsoo isaatiin argate sharafan mul'atan. Haalli kun Qeerroo biratti diddaa agarsiisuun akka WBO jabeessan dirqe.

Waraanni Bilisummaa Oromoo (WBOn) imaanaa abbootii isaa kan wareega ulfaataa baasan dhaale, osoo hin sharafiin mirga hiree murteeffaanna saba Oromoo gara bilisummaa Oromoo fi walabummaa Oromiyaatti tarkaanfachiisuutti seene. WBOn gidiraa ummanni Oromoo fanfansa siyaasaa, saamicha diinagdeetii fi moggeeffama aadaa-hawaasummaa keessaa jiru keessaa baasuuf falmachaa gaaffii saba Oromoo hawaasa idil-addunyaatti mul'isuu eegale.

WBOn baadiyyaalee Oromiyaa dhuunfatee, uummati keenyis bilisummaa dhandhamuu eegale. Mootummaan Itiyophiyaa WBO torbee lamatti dhabamsiisa jechaa ture, sun akka hin dandahamne hubate. Mootummooti gurguddoo kan akka Amerikaa fi China maqaa fi gaaffii Oromoo hubachuu eegalan. Gaaffiilee siyaasaa isaaniif ifaa hin taane gaafachuu itti fufan.

ABO-WBOs manifesto ifaa baasuun rakkoon Oromoo bifa itti furamuu qabdu addunyaaaf ibse. Oromoorn biyya isaa irraatti akka abbaa ta'u, walabummaan diinagdee ummata Oromoo akka mirkanawu, saamichi qabeenya kan namaa fi uumamaa akka dhaabbatu falmachaa jiraachuu ibse. Ummanni Oromoos akka mirga aadaa-hawaasummaa isaa deebisee goonfachuuf qabsaahaa jiraachuu fi mirgi afaan, aadaa fi seenaa Oromoo akka kabajamu labse.

Sababiin lubbuu WBO fi uummata Oromoo bakka bu'aa hin qabne wareegamaa jiruuf bolola dhiiga dhangalaasuu fi jeequmsa uumuu qabaatee osoo hin taane, kaayyoo sirna cunqursaatii fi abbaa irree uf-iraa kaasee mirga namummaa fi sabummaa Oromoo goonfachuuf akka ta'e hubachiise. Sabni tokko mirgi isaa yoo irraa mulqame, falmatee deebifachuun seeraa uumaamaati. Bilisummaa namni namaaf kenuu hin jiru. Kanaaf, ummanni Oromoo WBO cinaa dhaabbatee mirga ufii ufiin murteeffachuuuf qabsoo wal-irraa hin citne gaggeessaa har'a gahe. Qabsoo fi hawwiin Oromoo bu'uraan mirga hiree isaa dhiibbaa tokko malee murteeffachuu akka ta'e hubachiise. Mirgi hiree murteeffanna sabootaa, mirga kabajamu, tikfamuu fi guutamu qabu qofaa otoo hin taane, akeeka bu'ura masakaa nagaa fi nageenya waaraa akka ta'e addeesse. Gaaffiin keenyi bifa kamiinuu kan mirga nama biraa ykn saba biraa miidhuu akka hin taane; dheebuun saba keenyaa fi WBO walqixxummaa, haqa, kabajaa walabummaa ummata Oromoo argamsiisuun ta'uu mirkaneesse.

WBOn milkii argame dachaatti dabaluun milkii biraa galmeessuu itti fufe, humni booddessaan aangoo bara 2018 butate, abdii biyya demokiraatessuu akka fixeensa ganamaatti harcaase. Gartuun kun aangoo mootummaa harka nam tokkootti galchee fi mootummaa qeenxee deebisuu fi ijaaruuf abbale. Aangoo mootummaa waalataa kophaa isaatti dhuunfachuuf duula sanyii duguuggaa sabaa fi sab-lammoota irratti labse. Sirna dullachaa deebisuu anaannatee itti seene. Haala mootummaan aangoo irra jiru akeeka diigga tarkaanfachiisu fi waraana sanyii duguuggaa labsu keessatti roorroo uf-irraa qolachuu fi lubbuun jiraachuuuf qabsoon hidhannoo filmaata filmaata biraa hin

qabne ta'e. Qabsoon keenya qabsoo haqa-qabeessa, qabsoo seera-qabeessa kana keessatti mirga akka sabaatti nurraa mulqamee deebifachuu kaayyeffate ta'e.

Mootummaan PP dorgommiin siyaasaa bifa kamiiyyuu Oromiyaa keessatti akka hin godhamne hadheeffatee dide. Koreen gidduu-galeessa PP humnoota siyaasaa Oromoo hundumaa balleessuuf dhoksaan shira xaxe. Akkuma ABOn biyyatti deebi'een, osoo oolee hin bulin, mootummaan gama tokkoon caasaa basaasaa isaa bobbaasee gama biraatiin ammoo namootaa fi murnoota lukkeelee isaa ta'an akka duula maqaa hadheessaa WBO irratti geggeessan tolche. WBO irratti duula shoorarkeessaa geggeessuun, yakka malee yakkkuu fi dharaan irratti duuluun hujii guyyuu tol fate. Mootummichii dhimmaa hidhannoo hiikkachuu sababaa godhatee WBO yakkkuu bira dabree waraana waliigalaa irratti labse. Walitti bu'iinsi dhiiga nama hedduu dhangalaasuu itti fufe. Yeroo torbaaniin lakkaawamu keessatti WBO balleessa jedhee dhaadachuu aadaa taasifate. Garuu, WBOn tarkaanfii diina uf-irraa faccisuu fi dantaa ummata Oromoo tiksuu hundee godhatee socho'uu itti fufe. ABOn Finfinnee jirus akka waraana hogganu hin qabne ifaan ibse. Hariiroo ABO fi WBO jidduu jiru sababoota armaan gadiin cite.

1. ABOn Finfinneetti deebihe akka paartii siyaasaa seeraan galmaaye waan jiruuf humna qabsoo hidhannoo geggeessu hogganee mootummaa Itoophiyaa lolchiisuu akka hin dandeenne ifa galaa ta'e.
2. Miseensota Koree Hujii Raawwachiiftuu ABO Finfinnee jiran wayyabni PP waliin hojjechuuf walii galan. Tokko tokko ammoo sadarkaa naannoottii fi federaalatti bulchiinsa mootummaatti dabalamani. Kanarrattis dabalee caasaan basaasaattii fi basaastonni fuul-lamiin caasaa ABO keessa seenan. Sababii kana irraa kan ka'e hogganni ABO birmadummaa jaarmayaa fi dilbii siyaasaa waan dhabeef, WBOf kallattii siyaasaa kennuu dadhabe.
3. Koreen hojii raawwachiistuu, misseensi gumii sabaa fi Qondaaloti ABO mana hidhaa keessatti hiraarfamaa jiru. Hogganooni hagoon alatti hafanis hordoffii fi hudhaa caasaa basaasaa mootummaa jala jiru. Kanneen hafan ammoo shira micciirraa siyaasaan mootummichaa jalatti kufani. Kanaafuu, hogganni ABO gara Finfineetti deebi'e guutuu guututti waan laamshayef, sochii siyaasaa WBOf qajalfama tarkaanfii kennuu isa dandeessisu dhabe.

Qabatamaatti, hogganni ABO Finfinneetti deebi'e, humna seeraa, anniisaa siyaasaatii fi dandeettii hojii ittiin socho'u dhabe. Qaawwaa uumame cufuuf Adoolessa bara 2021 Oromiyaa dirree walabaa keessatti WBOn Kora Sabaa gaggeefate. Kora kanarratti hogganni siyaasaa WBO, qondaalotaa fi ajajootni waraana WBOtii fi deggertoonni WBO Oromiyaa guutuu keessaa qaamaa fi quunnamtii hammayyaan irratti hirmaatan. Korri guddaa kunis hogganaa siyaasaa fi waraanaa Ajajaa Olaanaa ABO-WBO jedhamu tolche. Kora Kanaan, ABO-WBOn itti gaafatamummaa ol'aanaan sochii waraana WBO hogganuu, dhimma siyaasaa fi dirree diplomaasii qindoominaan qajeelchuu fudhate. Moggaasni ABO-WBO jedhus siyaasnii fi waraanni qaama tokko jalatti waaltawuu fi tokkoomuu akeeka.

Hawaasni Oromoo biyya ambaa waraana isaa jiraachisuuf kaka'umsa ofii isaaniitiin WBOf deggarsa dinagdee, teknology, siyaasaa fi diplomasii kennan danuu dha. Warra deggarsa bifa maadhee irraa eegalee sadarkaa idil-addunyaatti wal ijaaree bifa dinagdee, teknolgy, siyaasaa fi diplomasii nu waliin dhaabbate marti galata guddaa qabu.

Kaayyoon ABO-WBO Ummata Oromoo baraaruu fi duula barbadeessaa humni nageenya mootummaa Itoophiyaa narratti bane cichooinaan uf-irraa qolachuudha. Loltoonni keenyi seera waraanaa irratti leenjii gahaa fudhachuu bira darbuun seerota dirree waraanaa kabajanii socho'u; kanarrattis dabalee naamusa waraanaatiin dabaalamanii sirnaan masakaman dha. Tarkaanfii caasaan ajajni ol'aanaa waraanaa hin beekne fudhachuu tasumaa hin hayyamamu; tarkaanfii seeraan alatti fudhatamu kamiiyyuu obsaan bira hin dabarru. Hennaa seera-dhableeyyii fi kaayomaleeyyiin tokko tokkoo tarkaanfii qaamni ajajni ol'aanaa quba hin qabne fudhatan, adaba laalessaan qajeelchina.

Mootummaan Itoophiyaa "loltoonni WBO tarkaanfii shoorarkeessaa ummata nagayaa irratti fudhatu," jedhee akka nu yakku tolchinee beekna. Qondaalonni mootummaa loltoonni keenna "tarkaanfii shoorarkeessitummaa ummata nagayaa irratti fudhatu; ummata jumlaan fixu" jedhanii yakku. Mootummaan Itoophiyaa yakka yeroo adda addaa, itti gaafatatumummaa tokkoon alatti, ummata nagayaa irratti raawwatu WBOti dabarfachuu aadaa dhaabbataa tawuun hubatamaa dha. Gidiraa fi gocha hammeennaa ummata nagayaa irratti raawwatee WBO fi loltoota isaatti haqata. Mootummaan Itoophiyaa yakkamtootaa fi bitamtoota gocha hammeenyaa ummata nagayaa irratti raawwatan WBO fakkeessee, leenjisee bobbaasa. Yakka daangaa hin qabne hojjatee, hojjechiisee WBOti haqata. Yakka akkeessaa fi fakkeessaa tolchanii golgaa "ol'aantummaa seeraa kabajjiisiisuu," jedhu jalatti WBO fi caasaa deggersa isaa maqaa balleessanii tarkaanfii badii fudhatu.

Sababiin hangafni shira oomishanii facaasaniif tarkaanfii barbadeessaa WBO fi ummata nagayaa irratti fudhatuuf golgaa tolfachuufi. Sababiin bira WBO dharaan yakkani ummata Oromoo irraa addaan kutuu dha. Kanarratti dabalees akekni shira kana duuba jiru WBO hawaasa idil-addunyaa biratti fudhatama dhabsiisuu dha. Yakki mootummaan Itoophiyaa ummata Oromootii fi WBO irratti raawwatu himamee hin dhumu. Shirri mootummaan xaxu WBO hawaasa idl-addunyaa biratti beekkumtii fi deggersa malee hambisuuf jecha WBO humnoota shororkeessituu, baddee-balleessituu wajjiin walfakteessanii dhiyeessuudha. Sababni biraas, ummata Oromoo jiddutti summii dharaa facaasanii akka waliif hin birmanne tokkummaa fi gurmuu isaa diiguuf ololli qophaawe facaafamaa jira.

Yeroo ammaa tana WBOn duula sanyii duguuggaa kan mootummaan gara-jabeessii kun ummata keenya irratti raawwataa jiru kophaa isaa qolachuu fi maseensuu irratti argama. Jecha biraatiin hennaa ammaa tana WBOn yakka mirga dhala-namoomaatii fi sanyii duguuggaa fashalsiisuu qofaa irratti hin uguramne; mootummaa lubbuu ilmoo namaatiif dantaa takkallee hin qabnee fi aadaa kufaa jilbiiffattummaa habaqaalaa jiru murannoон dura dhaabbachaa jira. WBOn shoorarkaa fi gocha hammeenyaa kan mootummaan kun ummata keenya irratti geggeessaa jiru uf-irraa faccisuuuf seexaa fi itti gaafatatumummaa seera-qabeessa qaba. '

Ajajaan ol'aanaa ABO-WBO media arraata sabaaf ta'u, Arraata Biyyooleessa Oromiyaa, ijaaree akka injifannoon WBO guyyuu saba bira gahu, haayyooti siyaasaa akka hubannoota siyaasaa Oromoo ol-kaasan, oduu fi odeeffannoon saffisaan uummata bira akka dhaqabu, miidhamni fi gochaan sukkaneessaa diinaa saffisaan saaxilamu qoodi hojji media walabaa ol'aanaa waan ta'eef; uummati keenyi sana hubatee nu deeggare marti galatni isaa bilisummaa haa ta'u jenna. Hojiin jaarmayaay ABO-WBO biyya alaatti eegalames; akeeka haal duree tokko malee WBO gargaaruu,

qajeelfama dirree qabsoo irraa fudhatanii ijaaramuu bu'uura tol fatee, namoota dandeetti, yeroo fi of-kennisa qaban ofitti ammachuun caasaa Godinaa, Gamtaa fi Gurmuu guuttachaa gara hawaasa dhaqabuu irratti hojjettan marti galatoomaa jenna.

Bilisummaan bilisaan argamu waan hin jirreef, WBOOn lubbuu isaa tokkitti qaalii wareegee, mirga saba isaa kabachiisuuf dirqame qabsoo geggeessaa jira. Qabsoo geggeeffamaa jiru keessatti ilmaan Oromoo jirenyaa fi lubbuu isaanii qaalii wareegun mirgaa fi lubbaa saba bal'aa tiksун unaagaa qabsoo keessa isa jalqabaati. Ummanni Oromoos kaayyoo wagga 50 har'a jaal Elemoo Qilxuun eegalamee dhalootaa kumaa fi kitilaan itti wareegame amna fagoo deemee jira.

Bara jaal Elemoo Qilxuu qabsoo hidhannoo itti eegalee fi jala bultiin bu'uureffamuu ABO kan waggaa 50ffa yeroo yaadannu injifannooleen goonfataman danuu dha. Mootummaa Oromiyaa jedhamu jiraachuu, eenyummaan Oromoo kan afaan Oromoo, aadaa Oromoo, dudhaa Oromoo dhabamarra irraa hafee mul'achuu; qabsoon hidhannoo humna sagliin eegalame birgeedota hedduun ijaaramuu Oromiyaaf wabii fi gaachana ta'uu agarsiisuu; WBOOn har'a badiyaalee fi magaalootaa Oromiyaa heddu dhuunfatee gaaffiin saba Oromoo akka sirnaan deebpii argatu dhiibaa jiraachuu; mootummaa ABO-WBO waliin marihachuuf dirqamuu; hawaasni idil-addunyaa gaaffii Oromoof beekamtii kennuun haasawaa mootummaa Itiyophiyaa fi ABO-WBO giddutti gaggeeffamaa jiru deeggaruun sadarkaa qabsoon keenyi irra gahe nutti mul'isa.

Yaa ilmaan Oromoo! Bakka irraa kaane hubannee, bakka amma jirru gahuun salphaa miti. Wareegama qaalii nu baasissee jira. Bakka amma jirru irraa gara rarraga injifanno dhaqabuuuf ogummaadhaan yoo tarkaanfanne karaan nu hafe xiqqoo dha. Qabsoon bilisummaa Oromoo har'a bu'uura heddu lafa kaahee jira. Kanaaf, ummanni Oromoo bakka jiru irraa ogummaa, toftaa, tarsiimoo ABO-WBOOn lafa kaaheen masakamuun tokkummaadhaan ijaaramee gara rarraga injifannootti tarkaanfatu dhaamsa Oromummaa dhaammanna.

Injifanno Ummata Oromoof!

Ajajaa Ol'aanaa ABO-WBO

Waxabajji 30, 2023